

Ejjennoo Waloo Dhaabotni Politikaa Amaaraa fi Oromoo Irratti Waltaane

Partiiwwan Amaaraa fi Oromoo fi keessummoonti afeeraman Disember 2019 irraa eegallee hariiroo fi dhimmoota waloo ummatoota lamaanii irratti walitti deddeebinee marii geggeessaa turre. Dabalees, hogganootni partiiwwan kanneenii yeroo irraa yerootti walgahuudhaan dhimma gama lachuu ilaalu fi waliigalatti biyya ilaalu irratti yaada waljijiiraa turre. Hariiroon ummatoota lamaan gidduu, haala biyyichi amma keessa jiru jalatti, yoom irrallee caalaa marii fi walhubbanno akka gaafatu hubachuudhaan waltajjii hedduu geggeessinee qaxbilee gaditti tarreeffaman irratti walta'iinsa irra geenye.

1. Rakkinoota politikaa biyya keenya furuudhaaf mariin-biyyolessa hunda hirmaachisuu akka jiraatu.
2. Shakkii, waldiiguu, walirratti hadhaawuu, moggaatti waldhiibuu, tokko maqaa isa kaanii xureessuu, akkasumas ummata tokko kaan irratti gochaa kakaasu irraa of quachuu.
3. Heddumminni sabootaa fi sab-lammoottaa, osoo dogoggora duraa ta'an deebisee hin raawwatane, dabalees akka dogoggora kanneen qajeelchutti, raawwatamuu dhaan akka mirkanaawu.
4. Mirgonni waloo fi namtokkee kabajamuudhaan akkasumas filmaatni walabaa fi dhugaa ta'e geggeeffamuudhaan sirni demokraatawaan biyya keenyatti akka mirkanaawu.
5. Oggeeyyi seenaa sabootaa fi sab-lammoota irraa walitti fiduudhaan seenaa biyyichaa fi hariiroo ummata gidduu qoratee dhiheessu dhaabbatni akka ijaaramu.
6. Nagummaan fi mirgootani ummata Amaaraa fi Oromoo naannoo walii keessa jiraatan, akkasumas kan ummatoota hundaa akka kabajaman.
7. Biyya keenya keessatti bakka hundatti nagaan fi tasgabbiin akka tikfaman, nagaan fi dhugaan akka jiraatu, akkasumas warri buqqa'e qe'ee isaaniitti deebi'anii jirenya isaanii geggeessan taasisu.
8. Heerri biyyi ittiin bulu haala hunda hirmaavchisuun akka wayyaawu.
9. Misooma dinagdee haala addaan hincitnee fi walqixa hirmaachisuun (sustainable and equitable economic development) humneessuu akkasumas fayyadumummaan ummatoottaa dhugaa akka ta'u mirkanessu.
10. Walta'iinsaan qophii adda addaa waliin qopheessuudhan hariiroon waliin hojjachuu ummatotaa akka jabaatu gochuu.

Gamni lachuu quurramootaa fi gaffi belbeltuu ummatoota lamaanii irratti marii bal'aa geggeessine jirra. Qaxbiileen olitti tarrifaman kanneen ammatti irratti waltaane yeroo ta'an, kanneen hafan irratti fi dhimmota biyyicha ilaalu irrattis marii itti fufnee ummatoota biraas akka hirmaachisutti walta'insi biyyolessaa akka dhugoomu waltaane. Dhuma irratti, warra loogi tokko malee fi walabaan walghiilee keenya aanjessuu dhaan nu wajjin hojjatanii dhugoomuu walta'insa seena-qabeessa kanaan nu gahaniif galchina.

Marii fi Ejjennoo waloo kanneen irratti Partiiwan Polotikaa Qooda fudhatne:

Partiiwan Politikaa Amaaraa	Paartii Badhaadhinaa	Partiiwan Polotikaa Oromo
<ol style="list-style-type: none">1. Partii Ummata Amaaraa Hundaa2. Jaarmaya Calaqqisa Amaaraa3. Jaarmaya Ummata Amaaraa Hundaa4. Jaarmaya Jireenyi Amaaraa Tokkummaa Itiyoophiyaaf5. Sochii Humna Dimokratwaa Amaaraa6. Sochii Sabummaa Amaaraa	<ol style="list-style-type: none">1. Damee Amaaraa2. Damee Oromo	<ol style="list-style-type: none">1. Adda Bilisummaa Oromo2. Kongresi Federalaa Oromo3. Adda Bilisummaa Oromo Tokkoome4. Partii Biyyooleessaa Oromiyaa